

MANA FAYYAA DUBARTOOTAA AFRICA (AFRICAN WOMEN'S CLINIC)

DIBATA ITTI DIBUU



the women's
the royal women's hospital
victoria australia

Dibata hadoochaa (Anaesthetic cream)

Wal'aansa dursee dibata hadoochaa akka dibattu siif kennama. Naannoo qaama keetii sana hadoochuuf dibatni kun caalaatti sitti tola. Lilmeen hadoochaa kennamu bakka muruuf jedhamu sana hadoochuuf kennama. Dibatichi naannoo sana hadoochaa, lilmeen hadoochaas naannicha caalaatti hadoochaa.


Yoo barbaadde dibata kana manatti dibachuu dandeessa. Akka nersiin itti siif dibdu barbaadde baallama kee jalqaba irratti osoo wal'aanis hin eegaliin dursamee itti sii dibuutu danda'ama. Baallama keef yeroo dhuftu dibaticha qabadduu kottu.

Dibata osoo itti hin dibiin naannoon isaa qulqulluu fi qooraa tahuu hubadhu, yoo barbaadde tarii naannicha haaddachuu ykn waan rifeensa kaasu (wax) dibuudha.

Osoo gara baallama kee hin dhufin dursitee maal akka godhtu

Wallaanamuuf gara baallama kee dhufuuf yeroo sa'aan tokko si hafu:

- dibata hedduumeessii keessaafi ala isaa qaama hormaataa kee bakka godaannisni jirutti dibi



- huwwisaa pilaastikaa baallama kee jalqabaa irratti siif kennine irratti dabali
- pilastiki ati irratti dabaltee fi dibatni wallaansi osoo hin eegalin dursee irraa fuudhama.

Yoo akka si cicciniinuu ykn gubuu sitti dhagahame, bishaan ho'aa saamunummaa qabuun dhiqadhu. Waa'ee si cicciniinuufi gubuu yeroo baallama keef dhuftu nersiitti himi.

Yaaddoo kamiyyuu yoo qabaatte, ykn akkamiin akka dibaticha itti dibdu mamii yoo qabaatte nersiin gaaffilee kee siif deebisti.

IBSA Baxxeen ragaa (factsheet) kun odeeffannoo walii-galaa qofa kenna. Gorsa kunuunsa fayyaa kan biroof si barbaachisuuf, ogeessota fayyaa irraa gorsa barbaadi. Ogeessota fayyaa arguu dhiistee baxxee-ragaa (factsheet) kana irratti hundoofttee miidhaa yokan hubama si irra gahu kam iyyuu Hospitaalli Dubartootaa Royal (Royal Women's Hospital) gaafatama kamillee hin fudhatu. Yoo wal'aansa fayyaa atattamaa barbaadde, Kutaa gargaarsa fayyaa atattamaa (emergency) naannoo kee jiru deemi. © Hospitaala Dubartootaa Royal (Royal Women's Hospital) 2016-2018

Akka itti kilinika qunnamtu

Hojjetootni FARREP ni jiru Wixata (Monday)
hanga Jimaataa, sa'aa 9 wd hanga 5 wb

T: (03) 8345 3058

E: farrep.program@thewomens.org.au

F: (03) 8345 3053

Ykn giddu-galeessa fayyaa hawaasaa naannoo kee jiru hojjetuu FARREP qunnamu.

Odeeffannoo caaluuf mar-sariitii (website)
keenya barbaadi:

www.thewomens.org.au/healthinformation